# Ani wantoota shan kan na dura nama tokkoof hin kennaminin kenname

Jaabir bin Abdullaah irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan lamaan irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Ani wantoota shan kan na dura nama tokkoof hin kennaminin kenname: Imala ji'a tokkoo irraa diinni na sodaachuunin tumsame, dachiin iddoo salaataa fi xaaharaa naaf taasifamte, Kanaaf ummata kiyya irraa namni kamuu kan salaanni itti geesse haa salaatuu, boojuun anaaf halaala ta'e, na dura nama kamiifuu halaala hin turre, shafaa'aan naaf kenname, Nabiyyiin tokko yeroo ergamu ummata isaa qofatti ergama, ani immoo walumaa galatti namootaaf ergame».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- wantoota shan kan Nabiyyoota isaan dura turan keessaa namni tokkolleen hin kennamin akka Rabbiin isaanif kennne himan: Tokkoffaa: Anaa fi isaan gidduu imalli ji’a tokkoo yoo jiraatellee sodaan onnee diinota kootii keessatti darbatamuun tumsameera. Lammaffaa: Lafti bakka jirru hundatti akka salaannuuf masjiida fi bakka bishaan hin jirretti biyyeedhaan qulqulleessaa naaf taasifamteerti. Sadaffaa: Boojuun waraanaa nuuf hayyamameera, isheenis boojuu Muslimoonni lola kaafiroota waliin godhan keessatti fudhatanidha. Afraffaa: Guyyaa Qiyaamaa haala sodaachisaa irraa namoota bilisa baasuu keessatti shafaa'aan guddoon naaf kennameera. Shanaffaa: Ani gara uumama hundaatti ergame, nama isaanii fi jinnii isaaniitti, kuni faallaa nabiyyoota isaan dura turaniiti, isaan gara ummata isaanii qofatti kan ergaman ta'an.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee